Hojjataan tokko qophaa akka hojjatu yoo barbaadame, "Adeemsawwan Qophaa Hojjachuu" hordofuu qaba. Hojjataan tokko qophaa akka hin hojjanneef Hojjachiisaan waan danda'ame hunda gochuu qaba. Garuu dirqama ta'ee yoo argame, hojjataan leenjii argachuu qaba, akkasumas adeemsa ittiin qophaa hojjatan hubachiifamuu qaba. [2024]

Keewwata 13.3 - Kan waliigalame Caamsaa 29, 2024

Qaamoleen lamaan 13.3, 13.6, 13.7, 13.9, 13.10 fi 13.15 gara Keewwata 2 Waliigaltee Walootti akka cehu waliigalu. [2024]

Keewwata 13.3 - Kan waliigalame Caamsaa 28, 2024

Yuuniyeenichi boordii bifa buuleetiniitiin qophaa'e beeksisiwwan biizinasiiwwan yuuniyeenii adda ta'an irratti maxxansuuf itti fayyadamuu, garuu ajandaa siyaasaa irratti maxxansuuf akka itti hin fayyamne, mirga akka qabu The Company'n waliigala. Beeksisiwwan akkasii osoo hin maxxanfamin dura hojjataa Kaampaanichaatti galuu qaba.

Yuuniyeenichi boordii bifa bulleetiinii qollofamuu danda'u afur (4) kan Hojjachiisaan bakka mul'achuu danda'u afuritti (4) fannisuu danda'u ni dhiyeessa, bakki itti fannifamu plant keessaa bakka irratti waliigalame ta'a. Bakka Bu'aa Yuuniyeeniifi bakka bu'aa(buutonni) hojjatootaa qofatu furtuusaa qabachuu danda'a, garuu meeshaalee ykn wantoota Yuuniyeeniin qoqqobe qofaan akka maxxanfaman beekamaadha.

Yuuniyeenichi boordii bifa buuleetiniitiin qophaa'e odeeffannoo biizinasiiwwan yuuniyeenii qofa irratti maxxansuuf malee piropagaandaa nama qoollifannaa ykn siyaasaaf miti. Beeksisiwwan akkasii osoo hin maxxanfamin dura Plant Manager ykn bakka bu'aatti galuu qaba. Boordicha kunuunsufi suphuudhaf Yuuniyeenichi itto gaafatamummaa qaba. [2024]

Keewwaata 13.5 – Kaffaltii Kophee Hojii –Kan waliigalame Guraandhala 10, 2025

...

Hojjattoonni tajaajiila ji'a jahaa (6) erga xumuranii booda, kophee nageenyasaanif mijatu kaawwachuutu irraa eegama/**kophee rabariin alaatiif** kophee haaraa bituuf dolaara dhibba tokko (\$100.00) ni argatu, sana booda ji'a jaha jahaan (6) dolaara dhibba tokkoon (\$100.00) daanga'a ykn dolaara dhibba lama (\$200.00) dolaara **dhibba lamaafi shantama (\$200.00) (\$250.00)** ji'a kudha lama lamaan (12) jechuudha. Arraba kophee, hidhaa kophee, erguun isaa kaffaltii kopheetin haguugama. Kaffaltii bakka buusuu (reimbursement) argachuuf koohee nageenyummaa/**buutsii** dullooman yeroo jijjiiramu deebi'uu qaba. [2024]

Keewwata 13.6 Hojjataa Walitti Dhufeenya Hojjatoota Yuuniyeenii bakka Plantitti waamuu– Kan waliigalame Caamsaa 28, 2025

The Company irraa hayyama yoo argate, Hojjataan Walitti Dhufeenya Hojjatoota Yuuniyeenii hayyama argate Plant seenuu danda'a, haa ta'u garuu, bakka bu'aan jedhame sa'aatii hojiitti sababa malee yeroo hojjatootaa qabuu hin qabu.

The Company'n bakka hojiin alatti hojjataa tokko dubbisuun dirqama yoo itti ta'e, hojjataan sun Bakka Bu'aa Hojjatootaa wajjin deema.

Hojjataan tokko af-gaaffin godhameefii af-gaaffin sun tarkaanfii namuusaatti kan geessu ta'e, tarkaanfiin namusaa irratti fudhatame, hojiittaa dhaabbate ykn hari'ame ykn hojii keessaa baafame Bakka Bu'aan hojjataa ni malaaf. Dhimmi hatattamaan deebii argachuu qabu ykn dhimmi jabaa ta'e yoo jiraate, bakka bu'aan hojjataa jiru dhimmicha akka tasgabbeessufi marii akka qindeessu qaamoleen lamaan waliigalu. Walgahichi gara Walgahii idileetti yoo ol guddate, hojjataan sun Bakka bu'aa shiiftii kamii akka bakka isa bu'u ni gaafatama. The Company'n hojjataa ulaagaaleen hojii irraa eegaman sana kan bakka bu'u Bakka Bu'aan Hojjataa dhiyaachuu ni mirkaneessa.

Bakka bu'aan hojjataa gaggeessaa isaarraa hayyama osoo hin argatin dhimma kamuu ilaaluf hojiiisaa dhiisee deemuu hin qabu. Gaaffii akkasii keessummeessuu irratti the Company waanti amansiisan jiraachuu mirkaneeffachuu mirga qaba.

Keewwata 13.13 – Dogoggorawwan Peeyroolii – Kan waliigalame Caamsaa 28, 2024

Dogoggorri kaffaltii peeyroolii kamiyyuu dolaara dhibba tokko (\$100.00) ykn isaa ol ta'e, guyyaa hojii lama (2) keessatti kan sirreeffamu yoo ta'u karaa elektiroonikaan fandiin galii ta'a. Dogoggorri kaffaltii peeyroolii dolaara dhibbaa gadii (\$100.00) peeyroolii ittaanutti sirreeffama. [2024]

Keewwata 15.1 - Kan waliigalame Caamsaa 28, 2024

15.1 Hojjataan kamiyyuu hojiiwwan Yuuniyee seera qabeessa ta'an keessatti waan hirmaatef, sa'aatii hojiin alatti Koree Yuuniyeenii keessatti waan hirmaatef ykn waan Waliigaltee kana keessatti kaa'ame kan sarbame Yuuniyeenitti sababa gabaasef jijjiiramuu, har'imaau ykn loogin irratti taasifamuu hin qabu.

Hojjataan kamiyyuu sarara seeraa darbuu waan dideed ykn hojii seera qabeessa keessatti hirmaachuu waan dideef loogin kamiyyuu irratti taasifamuu hin qabu. ~~Labsii Mirgoota Namaa Alberta ilaalchisee The Company loogii homaatuun akka hin goone dabalataan waliigala.~~

Sanyii, bifa, saala, fedhii saal-qunnamtii, koorniyaa, eenyummaa saalaa, qaama miidhamummaa sammuu, madda galii, qaama miidhamummaa qaamaa, umurii, amantii, achii dhufa isaanii, bakka irraa dhufan, sadarkaa gaa'ilaa, ykn waan kan biraa seera iyyataatin dhorkame kamiyyuu irratti hundaa'un hojjataa ykn iyyataa kamirrattiyyuu loogii akka hin gaggeessine The Company fi Yuuniyeenichi waliigalu.

Keewwata 15.3 & 15.4 - Kan waliigalame Caamsaa 28, 2024

15.3 HAARAA - Milkaa'ina biizinasii keessatti gaheen hojjattootaa guddaa akka ta'e Hojjachiisaafi Yuuniyeenichi ni hubatu. Hojjattoonni hundinuu haala hundumaa keessatti bifahaqa qabeessan, ulfina, fi kabajaan akka ilaalaman Hojjachiisaafi Yuuniyeenin walii galu. [2024]

15.4 HAARAA - Kanneen odeeffannoo kennan ykn qorannoo keessatti hirmaatan ykn the Company irratti komii dhiyeessan irratti tarkaanfii haaloo bahuu fudhatamu the Company fi Yuuniyeeniin cimsanii mormu. [2024]

17.3 – HAARAA – Kan waliigalame Guraandhala 11, 2025

The Company odeeffannoo sassaabufi xiinxaluuf mala otomeetidii Xiinxala. Murtee dhumaa adabbii namuusaa kanneen akka akeekkachiisa, hojiirraa dhaabuufi hojii adda kutuu dabalatee kan murtaa'u miseensota Management bakka bu'aniini. [2024]

Keewwaata 20 – Adda Kutuu fi Haareessuu

Waliigalteen kun Ebal 1, 2019 irraa kaasee **2024** hanga Bitootessa 31, ~~2024~~ **2028** tti kan hojiirra oolu yoo ta'u, sana irraa kaasee waggaa waggaa kan itti fufu ta'a. Haa ta'u garuu, yeroon Waliigaltichaa osoo hin dhumin ykn hin haareffamin ji'a jahaa (6) gadi hin taane keessatti garee lamaan keessaa tokko waliigalticha adda kutuu ykn akka haareffamuuf marii gochuuf fedhii yoo qabaate garee biraa barreeffamaan beeksisuu qaba.

Keewwata 21.1 – Konkolaachiftoota Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u Oofan

Yeroo boqotan dabalatee sa'aatin hojii Konkolaachiftoota Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'uuf kan bahu the Company'n yoo ta'u, kunis imala isaanii akka xumuraaniifi seerota konkolaachisummaan ittiin gaggeefamaniif akka bitamaniifi.

Guyyaan hojii bu'uura sa'aatin itti jalqabaniifi xumuran garaa gara ta'uu danda'a, torban hojii bu'uura ta'e Dilbataa hanga Kamisaati.

Guyyaa jalqabaa torban hojiitti, ykn guyyaa ayyaana waggaa waliigalaa hordofee **torban hojii** (Sambataafi Dilbataan ala), kan eegalu waaree booda dursee 12:00 p.m irratti yoo ta'u, reetii imalaa si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) tiin shallagamee kaffalama, kan dafee eegalu (early starats) 12:00 p.m. fi 2:00 p.m. gidduutti yoo ta'u reetii imalaa sia tokkoofi nuusan (1 1/4X) shallagamee kaffalama.

Sa'atiin dabalataa kan kaffalamu kaffaltii si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) guyyaatti sa'aatii saddeetii (8) ol kan hojjatame hundaaf reetii idilee sa'aatiitiini, kunis Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'uu hojiiwwans sa'aatii idileetti raawwachuu qabu yoo raawwateedha.

Hojiin guyyoota boqonnaatti hojjatame hundinuu reetii si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) reetii sa'aatii idileetiin kaffalamuu qaba, Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u konkolaachisu sa'aatii idileetti raawwachu qabu yoo raawwate; akkasumas reetii si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u konkolaachisu imala raawwateef reetii imalaa ittiin kaffalamuufitu kaffalamaaf.

Hojiiwwan sa'aatii idilee kan jedhaman: yeroo eeguu, iskeeligii, konkolaataa suphuu, konkolaatan cabuu, sa'aatii itti konkolaachisuun seeran dhorkaa ta'e, fe'uu (fe'uun sa'aatitti tokkoofi walakkaa (1 1/2X) yoo ta'e, qofa). Haalonna wal-fakkaaton biroo tarreeffamicha keessatti hin hammatamne akka jiran qaamoleen lamaan ni hubatu. Qaamoleen lamaan wal-arguun dhimmoota sana, kan haala amma jiru wajjin adeemu ni furu.

Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u Oofu halkan akka turee hojjatu yoo gaafatame, halkan tokkotti reetii sa'aatii idilee saddeet (8) kaffalamaaf.

Sa'aatii galmeessuu: Sa'aatii hojjatame mala elektiroonikaalan galmeessuf the Company'n meeshaa elektiroonikaalaa dhiyeessuf waliigaleera.

Kaffaltiin Guyyaa Ayyaana Waggaa kan shallagamu kaffaltii dimshaashaa irraa, sa'aatii dabalataa hojjatame hir'isuun, bara kalaandaraa darbe keessa sa'aatii kuma lamaafi saddeetamaaf (2080) hiruun yoo ta'u, guyyaatti sa'aatii saddeet (8) ilaallata. Kaffaltiin Guyyaa Ayyaana Waggaa kan shallagamu waggaatti Amajjii 31 tti yoo ta'u, Konkolaachiftoota konkolaataa Horii Qalmaa Fe'anii Oofanif kennama, gaaffii hojjattootaa irratti hundaa'un. Kaffaltiin bashannanaa tokkoon tokkoo torbanii kan shallagamu, kaffaltii dimshaashaa hojjataan bara darbe argate irraa dhibbeentaa lama (2%). Kaffaltiin bashannanaa kan shallagamu guyyaa hojjataan itti qacarama booda ji'a sana keessa yoo ta'u, Konkolaachiftoota konkolaataa Horii Qalmaa Fe'anii Oofanif kennama, gaaffii hojjattootaa irratti hundaa'un.

Kaffaltiin Dhukkubaa kan shallagamu kaffaltii dimshaashaa irraa, sa'aatii dabalataa hojjatame hir'isuun, bara kalaandaraa darbe keessa sa'aatii kuma lamaafi saddeetamaaf (2080) hiruun yoo ta'u, guyyaatti sa'aatii saddeet (8) ilaallata.

Akkaataa Keewwata 11 jalatti ibsametti, Konkolaachiftoonni Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u Oofan akkuma hojjattootaa kaanii fayidaalee wal-fakkaataa keessatti galmaa'uu danda'u.

~~Reetiwwan imalaa haaran kamiyyuu kan hundaa'an akkataa foormulaa Appeendiksii "B" keessatti ibsameeni.~~

Reetiwwan kaffaltii Appeendiksii "A" keessatti argama-[2024]

Keewwata 22.1 – Nageenya Yuuniyeenii

Yeroo boqotan dabalatee sa'aatin hojii Konkolaachiftoota Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'uuf kan bahu Kaampaanichaan yoo ta'u, kunis imala isaanii akka xumuraaniifi seerota konkolaachisummaan ittiin gaggeefamaniif akka bitamaniifi.

Sa'aatiin hojii idileen Wiixataa hanga Jimaatati. Sa'atiin dabalataa kan kaffalamu reetii si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) guyyaatti sa'aatii saddeetii (8) ol kan hojjatame hundaa' reetii idilee

sa'aatiitiini, kunis Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'uu hojiiwwans sa'aatii idileetti raawwachuu qabu yoo raawwateedha.

Konkolaachiftoonni **Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u** Oofaniifi Torban Hojii Gabaabbate (Compressed Work Week) hojjataniif, sa'aatiin hojiisaanii torbanitti sa'aatii afurtama (40) ta'ee, guyyaa afur (4) guyyaatti sa'aatii kudhan (10). Sa'atiin dabalataa torban hojii gabaabbatee kan kaffalamu reetii si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) reettii sa'aatii idilee kunis Konkolaachisaan **Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'uu** hojiiwwans sa'aatii idileetti raawwachuu qabu yoo raawwateedha.

Hojiin guyyoota boqonnaatti hojjatame hundinuu reetii si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) reetii sa'aatii idileettiin kaffalamuu qaba, Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u konkolaachisu sa'aatii idileetti raawwachuu qabu yoo raawwate; akkasumas reetii si'a tokkoofi walakkaa (1 1/2X) Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u konkolaachisu imala raawwateef reettii imalaa ittiin kaffalamuufitu kaffalamaaf.

Hojiiwwan sa'aatii idilee kan jedhaman: yeroo eeguu, iskeeligii, konkolaataa suphuu, konkolaatan cabuu, sa'aatii itti konkolaachisuun seeran dhorkaa ta'e, fe'uu. Haalonni wal-fakkaaton biroo tarreeffamicha keessatti hin hammatamne akka jiran qaamoleen lamaan ni hubatu. Qaamoleen lamaan wal-arguun dhimmoota sana, kan haala amma jiru wajjin adeemu ni furu.

Sa'aatii galmeessuu: Sa'aatii hojjatame mala elektiroonikaalan galmeessuf the Company'n meeshaa elektiroonikaalaa dhiyeessuf waliigaleera.

Kaffaltiin Guyyaa Ayyaana Waggaa kan shallagamu kaffaltii dimshaashaa irraa, sa'aatii dabalataa hojjatame hir'isuun, bara kalaandaraa darbe keessa sa'aatii kuma lamaafi saddeetamaaf (2080) hiruun yoo ta'u, guyyaatti sa'aatii saddeet (8) ilaallata. Kaffaltiin Guyyaa Ayyaana Waggaa kan shallagamu waggaatti Amajjii 31 tti yoo ta'u, Konkolaachiftoota konkolaataa Horii Qalmaa Fe'anii Oofanif kennama, gaaffii hojjattootaa irratti hundaa'un.

Kaffaltiin bashannanaa tokkoon tokkoo torbanii kan shallagamu, kaffaltii dimshaashaa hojjataan bara darbe argate irraa dhibbeentaa lama (2%). Kaffaltiin bashannanaa kan shallagamu guyyaa hojjataan itti qacarame booda ji'a sana keessa yoo ta'u, Konkolaachiftoota konkolaataa Horii Qalmaa Fe'anii Oofanif kennama, gaaffii hojjattootaa irratti hundaa'un.

Kaffaltiin Dhukkubaa kan shallagamu kaffaltii dimshaashaa irraa, sa'aatii dabalataa hojjatame hir'isuun, bara kalaandaraa darbe keessa sa'aatii kuma lamaafi saddeetamaaf (2080) hiruun yoo ta'u, guyyaatti sa'aatii saddeet (8) ilaallata.

Akkaataa Keewwata 11 jalatti ibsametti, Konkolaachiftoonni Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u Oofan akkuma hojjattootaa kaanii fayidaalee wal-fakkaataa keessatti galmaa'uu danda'u.

Reetiwwan imalaa haaran kamiyyuu kan hundaa'an akkataa foormulaa Appeendiksii "C" keessatti ibsameeni.

Reetiwwan kaffaltii Appeendiksii "A" keessatti argama-[2024]

UP 28 / CP 21 – APPEENDIKSII A – KAFFALTI!

WAGES:	April 1, 2023	April 1, 2024	April 1, 2025	April 1, 2026	April 1, 2027	April 1, 2024	April 1, 2025	April 1, 2026	April 1, 2027
		Increase	Increase	Increase	Increase	Increase	Increase	Increase	Increase
		0.75	0.55	0.60	0.50	In dollars	In dollars	In dollars	In dollars
P1									
Starting Rate	\$ 19.55	\$ 20.30	\$ 20.85	\$ 21.45	\$ 21.95	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
After 3 Months	\$ 20.05	\$ 20.80	\$ 21.35	\$ 21.95	\$ 22.45	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
After 6 Months	\$ 20.55	\$ 21.30	\$ 21.85	\$ 22.45	\$ 22.95	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
After 9 Months	\$ 21.05	\$ 21.80	\$ 22.35	\$ 22.95	\$ 23.45	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
After 12 Months (Base Rate)	\$ 22.25	\$ 23.00	\$ 23.55	\$ 24.15	\$ 24.65	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
P2									
Graders	\$ 22.25	\$ 23.00	\$ 23.55	\$ 24.15	\$ 24.65	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Rotomatic Operators	\$ 22.25	\$ 23.00	\$ 23.55	\$ 24.15	\$ 24.65	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
P3									
Evisceration Line	\$ 22.38	\$ 23.13	\$ 23.68	\$ 24.28	\$ 24.78	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
P4									
Assemble/Sort orders	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Grinder Operator	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Parts Sorter (BBQ)	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Power Jack Operator	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Saw Operators	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Scale Operators	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Truck and Crate Wash	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Truck Washer									
Turkey from tank to line	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Turkey Trussing (Cryovac)	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Utility person	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Vacuum Operator	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
P5									
Freezer hand/Forklift Op.	\$ 22.98	\$ 23.73	\$ 24.28	\$ 24.88	\$ 25.38	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Receiver-Shipper	\$ 22.98	\$ 23.73	\$ 24.28	\$ 24.88	\$ 25.38	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Truck Driver (Class 3) with Air	\$ 22.98	\$ 23.73	\$ 24.28	\$ 24.88	\$ 25.38	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Sanitation Person	\$ 22.98	\$ 23.73	\$ 24.28	\$ 24.88	\$ 25.38	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
P6									
Starting Rate	\$ 22.15	\$ 22.90	\$ 23.45	\$ 24.05	\$ 24.55	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Poultry-Killer Live Processor (After 6 mos.)	\$ 22.83	\$ 23.58	\$ 24.13	\$ 24.73	\$ 25.23	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Live Hangers (After 6 mos.)	\$ 23.90	\$ 24.65	\$ 25.20	\$ 25.80	\$ 26.30	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Live Processor/Blesser	\$ 23.90	\$ 24.65	\$ 25.20	\$ 25.80	\$ 26.30	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
P7									
Transfer of Care	\$ 28.20	\$ 28.95	\$ 29.50	\$ 30.10	\$ 30.60	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Local Truck Driver (Class 1) with Air	\$ 28.20	\$ 28.95	\$ 29.50	\$ 30.10	\$ 30.60	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Long/Live Haul (Class 1) with Air	\$ 23.45	\$ 24.20	\$ 24.75	\$ 25.35	\$ 25.85	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Long/Live Haul per km rate	\$ 0.38	\$ 0.38	\$ 0.39	\$ 0.40	\$ 0.41	\$ -	\$ 0.01	\$ 0.01	\$ 0.01
*Long Haul Extended Length Premium	\$ 0.05	\$ 0.05	\$ 0.05	\$ 0.05	\$ 0.05				
	April 1, 2023	April 1, 2024	April 1, 2025	April 1, 2026	April 1, 2027	April 1, 2024	April 1, 2025	April 1, 2026	April 1, 2027
MAINTENANCE WAGES:									
M1									
Maintenance Worker	\$ 26.30	\$ 27.05	\$ 27.60	\$ 28.20	\$ 28.70	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
M2									
Maintenance Mechanic Maintenance Helper	\$ 28.80	\$ 29.55	\$ 30.10	\$ 30.70	\$ 31.20	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
M3									
Journeyman Electrician	\$ 43.98	\$ 44.73	\$ 45.28	\$ 45.88	\$ 46.38	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Journeyman Millwright	\$ 43.98	\$ 44.73	\$ 45.28	\$ 45.88	\$ 46.38	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
M4									
5th Class Power Engineer	\$ 33.35	\$ 34.10	\$ 34.65	\$ 35.25	\$ 35.75	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
M5									
4th Class Power Engineer	\$ 35.35	\$ 36.10	\$ 36.65	\$ 37.25	\$ 37.75	\$ 0.75	\$ 0.55	\$ 0.60	\$ 0.50
Apprenticeship Program									
1st Year	80% of Classification								
2nd Year	85% of Classification								
3rd Year	90% of Classification								
4th Year	95% of Classification								
Journeyman	100% of Classification								
*The employer will eliminate the Maintenance Worker classification and bump the employee(s) in that classification up to a new classification called a Maintenance Helper.									

*Reetiwwan iskeejulii suphaa keessayyi argaman reettii xiqqaa (minimum rates) akka ta'e qaamoleen lamaan walii galu.

*Hojjataan suphaa tikeettiwwan barbaachisoo ta'an lamaa ykn isaa ol of harkaa qabu, kaffaltii tikkeettii lamaa tikkeettii tokkoof sa'aatii tokkotti \$1.00 ni argata. Kaffaltichi akka kaffaltii bu'uuraa hojjattootatti hin fudhatamu, akkasumas bifa kamiinuu sa'aatii dabalataa ykn kaffaltii beenyaa kamiyyuu baay'isuun ykn ol-guddisuun (pyramiding) hin jiraatu.

*Hojjattoonni Muuxannoo Qaban (Lead Hands) sa'aatii tokkotti kaffaltii \$1.00 ni argatu. Kaffaltichi akka kaffaltii bu'uuraa hojjattootatti hin fudhatamu, akkasumas bifa kamiinuu sa'aatii dabalataa ykn kaffaltii beenyaa kamiyyuu baay'isuun ykn ol-guddisuun (pyramiding) hin jiraatu.

*Konkolaachiftoonni Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u Oofan konkolaataa fe'iisaa dhedheeraa oofan (pup or b-train) akkaataa reetiin kilomeetira tokkoo Appeendiksii "B" keessatti ibsametti, kilomeetira tokkotti kaffaltii saantima \$0.05 ni argatu. Kaffaltichi akka kaffaltii bu'uuraa hojjattootatti hin fudhatamu, akkasumas bifa kamiinuu sa'aatii dabalataa ykn kaffaltii beenyaa kamiyyuu baay'isuun ykn ol-guddisuun (pyramiding) hin jiraatu.

*Konkolaachisaan Konkolaataa Horii Qalmaa Fe'u Oofu kilomeetira tokkotti meeqa argachuu akka qabu reetinsaa Appeendiksii "B" keessatti ibsameera.

*Konkolaataa Miiccuu – Konkolaatonni (Trucks) torbanitti si'a tokko akka miiccaman ni eegama, kaffaltiin konkolaataa miiccuu \$30.00 ni kaffalama (TORBANITTI SI'A TOKKO). Kaffalticha fudhachuuf konkolaachisaan guyyaafi bakka itti konkolaatan miiccame gaggeessaa isaa beeksisuuf ykn shiitii sa'aatii irratti guutuf itti gaafatamummaa qaba. [2024]

*Konkolaataa Fageenya Dheeraa wal qabsiisuu \$10/trailer

CAASEFFAMA KAFFALTII P1, P2, P3. Gitiwwan hojii kun yeroo hojii idilee idilee isaanitti waan ulfaatina paawundii soddonii shanii (35) ol ta'e kaasuf hojjataa hin barbaadan.

Hojjataan Leenjii Hojiirra jiru tokko hojii leenjii the Company itti kenneef sa'aatii tokkotti saantima shantama (~~\$0.50~~) jaatama (\$0.60) ni argata. [2024]

Hojjataan Hojii Tola Ooltummaa (Relief) hojjatu sa'aatii hojii tola ooltummaa the Company itti ramade hojjachuusaaf kaffaltii sa'aatii tokkotti saantima shantama (\$0.50) ni argata.

Hojjataan yeroo tajaajilaa ji'a jahaa (6) olii fixeefi hojii murtaa'e tokkotti ramadame, sa'aatiwwan hojii sana hojjate hundumaaf kaffaltii hojii adda bahee (classified rate of pay) ni argata.

DABALATA "B"

LIVEHAUL KMs RATES FOR TURKEY AND FOWL		
QOPHEESSAA	Bakka Argamaa	KM (deebii)
Abbotsford, BC (Edmonton irraa)	Abbotsford, BC	2394
ARALYN		280
ARCO	LINDEN	568
ARENDS, Ben	Devon	89
BAGEMAN	Innsfail	408
BAERG, Kerry	Linden	250
BARKMAN		1788
Blue River, BC (Edmonton irraa)	Blue River, BC	1522
BRANT COLONY	Brant	842
Abbotsford, BC (Edmonton irraa)	Calgary	640
CALLICOON	Hague, SK	1080
CARLSON	Maleb	1234
CHINOOKRIDGE	Linden	567
CIRCLE H	Dalmeny, SK	1092
CLEARSPRINGS - (HEPBURN)	Hepburn, SK	1050
CLOVER FOUR	Ponoka	184
GREG KRUIKSHANK	Thorhild	193
DEL & DALE	Linden	568
FEATHER FANTASY	Wetaskiwin	270
FEATHERCREST/Cullum, Dwight	Three Hills	540
GILCHIRIST Farms	Wainwright, AB	456
HAPPY VALLEY	Ferintosh	250
HOFMAN	LINDEN	568
HOMELAND	Fahler	855

IJTSMA, Klaas	Airdrie	583
IJTSMA, Willem	Rochester	205
JENSEN, Larry	Morrin	570
JUMBO VALLEY	Ft. McLeod	978
K&C FARMS (Penner)	Ardrossan	79
KAMLAH	Didsbury	520
Kamlah - Fowl - (Western)	Three Hills	540
KOFO (DeKONING)	Ardrossan	85
LEBLANC - (HILLCREST)	Bruno, SK	1248
LED - Doell	Hobbema	274
Lloydminster (Edmonton irraa)	Lloydminster	504
MacMILLAN COLONY	Cayley	842
MALDA, Jim & Ruth	Ridge Valley	195
MAPLE DALE - 10 hr layover	Saltcoats, SK	1806
MENT 2B	Devon	87
MIALTA COLONY	Vulcan	903
MUNTZ, Gary	Vegreville	244
NANNINGA, Mark	Neerlandia	287
North Battleford	N. Battleford	789
NYMEYER	Coaldale	1113
OLSON, Duane	Drumheller	588
OLSON, Garry	Hobbema	274
PENNER - HUTCHENSON	Ardrossan	80
PILLARSTONE	Tofield	175
PINEPARK	Opal	122
POLAK	Rochester	218
PINE VALLEY (MENT 2B)	Devon	87
RAEYSON	Gibbons	78
RANGE 12	Ardrossan	80
RED WILLOW COLONY	Red Willow	406
RIETVELD	Tofield	130
RIVERBEND	Waldheim, SK	1056
Saskatoon (Edmonton irraa)	Saskatoon, SK	1060
SILVER SPRING		576
SILVERCREEK COLONY	New Norway	256

SONRISE	Linden	568
SPRINGSIDE COLONY	Brooks	875
CLEARSPRING - (Sprucehill)	Hepburn, SK	1056
STONEHILL	, SK	1050
TIEMSTRA	Neerlandia	285
TWILIGHT COLONY	Fahler	855
VANDERRIJT	Bowden	370
VEBO	Thorhild	170
VELDHUIZEN (SPRINGSIDE)	Legal	85
WIERSMA	Cudworth, SK	1296
WILLOW CREEK	Monarch	1143
WOODEND	Linden, AB	221
WYNYARD	Wynyard, SK	1458
CALLICOON	Hague, SK	1080
CENTRAL PRAIRIE FARMS	Waldheim, SK	1056
GREG KRUCKSHANK	Thorhild, AB	193
HILLSVALE COLONY	Cut Knife, SK	672
MAPLE DALE	Saltcoats, SK	1806
MENT 2B	Devon, AB	122
PILLARSTONE	Tofield, AB	130

*Fageenya omishtootafi bakka qonnaa amma jiru. Osoo CBA piriint hin ta'iin dura qonnawwan haaraatin ni fooyya'a.

XALAYAAWWAN HUBANNOO

LOU #1	Haressi
LOU #2	Haressi
LOU #3	Akka armaan gaditti sirreeffametti haressi
LOU #4	HAQI
LOU #5	HAQI
LOU #6	HAQI

Xalayaa Hubannoo #3 – Hojjattoota Biyya Alaa Yerodhaaf Hojjatan – Kan Waliigalame Guraandhala 10, 2025

Dhimmi: Hojjattoota Biyya Alaa Yeroodhaaf Hojjatan

1. SOFINA FOODS INC. yoo gara duraatti (Qoodinsa Lilydale) Kaaba Plant (the “Company”) jedhamuun kan ibsame Sagantaa Hojjattoota Biyya Alaa Yerodhaaf Hojjatan (“Saganticha”) jedhamuun kan ibsametti fedhii horachuudhaan, wantoota armaan gadii gochuuf waliigala:

- (a) Hojjattoota Biyya Alaa Yerodhaaf Hojjatan (“TFWs”) bakka bakka bu'uun Madaallii Dhiibbaa Gabaa Humna Namaa (“LMIA”) mirkaneessuf iyyata galchuu, akkasumas wantoota barbaachiisan hunda gochuu.
 - (i) Gama kanaa, iyyata LMIA ttif hayyama isaanii sababa quubsaa malee akka hin qabne Yuuniyeenichi walii galeera.
- (b) Akka qaama sagantaa qacarriitti, TFW Kanaadadhaan alaa yeroo qacaraman, the Company wantoota armaan gadii godha:
 - (i) The company'n imala TFW biyya isaanii irraa gara bakka hojii Kanaadaa jirutti ni qopheessa, ni kaffala, akkasumas hayyamni hojii isaanii yoo xumurame ykn dhaabbataan jiraachuun isaanii yoo dhorkame, akkuma Misooma Hojii fi Hawaasummaa Kanaadaa barbaadutti, imala deebi'uu isaanii ni kaffala;
 - (ii) TFW uwwisa Waldhaansa Fayyaa Alberta akka argatan gargaaruu;
 - (iii) Yeroo TFW uwwisa Waldhaansa Fayyaa Alberta eeggataa jiranitti inshuraansii waldhaansa fayyaa dhuunfaa akka argatan gochuu. Yoo dirqama ta'e, cheekii tajaajilawwan meedikaalaa hojjattootaa irraa akka hir'ifamu ykn dursee kaffalamu akka ragatan gochuu;
 - (iv) TFW mana jireenyaa madaalawaa ta'e kan jalqabaa akka argatan haala mijeessuu (kiraa manaa qajeelfama mootummaa wajjin wal-simuufi wantoota akka bishaanifi ibsaa fa'aa hammatu wajjin, keebiliifi bilbila malee);
 - (v) Dandeettii afaanii TFW wwanii madaalufi barbaachisaa ta'ee yoo argame barnoota Ingiliffa akka Afaan Lammataatti Barachuu (ESL) akka argatan gochuu (akkaataa qajeelfamoota AINP wajjin wal-simuun); fi
 - (vi) Hir'ifamni hundinuu (Gibirawwan, CPP, EI, Buusiwwan Yuuniyeenii, fi kkf), reettii kaffaltii, ulaagawwan immigireeshinii waliigaltee hojii dura hojjataadhaan mallattaa'uu akka qaban TFW dhaaf ibsuu.
- (c) TFW wwan the Company keessatti hanga gaafa Hagayya 8, 2012tti qacaramaniif, akkasumas TFW Hagayya 8, 2012 booda qacaramaniifi yeroo galmees sana Kanaadaa keessatti hojjachuuf hayyama hojii seera qabeessa ta'a qabaniif, akkuma TFW wwan ulaagaa guutaniin, akka hojjattoota TFW tti Alberta keessatti hojii eegalanii ji'a sagal (9) kan hin caallew keessatti, the Company'n TFW Sagantaa Immigireeshinii Alberrtatiif Filamuu (“AINP”) ykn sagantaawwan wal-fakkaatan kan gara fuulduraatti AINP bakka bu'uu danda'anitti ni galcha, garagalcha isaa ammoo Yuuniyeenichaaf ni erga.
 - (i) Akkasumas the Company'n adeemsa AINPfi hayyama dhaabbataan jiraachuf iyyachuuf jiru TFW dhaaf ni ibsa.
 - (ii) Akkasumas the Company af-gaaffiwwan AINP dhaan gaafatamaniif yeroo mijeessuu ilaalchisee TFW ni gargaara.

- (d) Mootummaan Saganticha ykn AINP yoo fooyyesse, the Company fooyyeffama taasifaman hundumaa kan kabaju yoo ta'u, Xalayaan Hubannoo kun irra deebin ilaaluf (for review) banaa ta'a. Mindaan, fayidaalen, haalonni hojii, fi kkf akkataa Waliigaltee Walootiin ta'u.
- (e) The Company'n akkaataa isaaf mijatuufi ulaagaa AINP yaada keessa galchuun TFW qacara. The Company'n TFW plant keessa hojjachuuf fedhii qaban qofa qacaruuf tattaaffii cimaa ni taasisa.
- (f) Hiikkaa, hojiirra oolmaa, ykn seera LOU kana cabsuu ilaalchisee wal-dhabdeen yoo jiraate gara walgahiiwwan Management Waloo Hojjataa akka ergamu, yoo hin furamne gara furmaata komii (grievance arbitration)tti akka ergamu the Company fi Yuuniyeenin waliigalaniiru.

HAARAA – Xalayaa Hubannoo #XX – Sagantaa Leenjii Apparentishiippii

Kaampaanichiifi UFCW, Local 401 barbaachisummaa hojjattoota gahuumsa olaanaa qabanii ni hubatu. Kanaaf gareewwan kunneen gahuumsi hojjattootafi miseensota isaanii karaa Sagantaa Apparentishiippii jajjabeessufi hojiirra oolchutiin akka guddatu gochuuf waliigalaniiru.

Kanaaf, qaamoleen kun wantoorta armaan gadii irratti waliif galaniiru:

Hojjataan Sagantaa Apparentishiippii seene kamiyyuu sagantaa leenjii guutummaa isaa xumuruu qaba, akkasumas saganticha erga xumureen booda yoo xiqqaate waggaa lamaaf hojjataa Sofina Foods Inc. ta'ee turuu qaba. Ulaagaalee lamaan keessaa toko ykn lamaanuu guutuu dadhabuun hojjatichi baasii Sagantichaa hojjatichaaf kaffalame Sofina Foods dhaaf deebisee akka kaffalu dirqisiifama. Hojjataan tokko Saganticha walakkaan yoo xumure ykn saganticha erga xumureen booda waggaa lamaaf hojjataa Sofina Foods ta'ee hojjachuu yoo baate, hangi kaffaltii leenjii deebifamee kaffalamu akkaatuma kanaan shallagama. Namni apparentii bahu saganticha waggaa jaha (6) keessatti xumuruu qaba.

Baasiin kaffaltichaa kan uwwifamu hojjataa ulaagaalee kanneen guutuu dadhabe irraa yoo ta'u, kunis kan ta'u yeroo hojjatichi hojii adda kututti kaffaltiiwwan bashannanaa, ykn kan biraa hojjataarra jiru irraa kan citu ta'a. Maallaqi kun idaa hojjaticharra jiru kaffaluu hin danda'u yoo ta'e, hojjatichi osoo hojii gadi hin dhiisin dura, hanga maallaqni jiru kaffaluu danda'uufi idaa jiru shallagamee kan hafe kaffaluu qaba. Dabataanis, hojjatichi saganticha hin xumurre yoo ta'e, maallaqni kan kaffalamuu qabu hojjatichi moodulii ykn barnoota Sagantichaa isa dhumaa xumuruuf jiini tokko yeroo hafu keessatti ta'uu qaba. Hojjatichi sababa meedikaalaaf Saganticha keessa bahuun dirqama yoo itti ta'e kaffaltii leenjii deebisee kaffaluuf dirqamni irra jiru irraa ka'a.

Hojjataan apparantii bahe yeroo barnootaa irraa eegamu xumuruun gara bara barnootaa olaanaa ittaanutti darbuu kan agarsiisu sanada barreeffamaa qindeessaa Sagantichaa irraa dhiyeessuu qaba.

Hojjataan amma jiru apparantishiippii hojjachuuf fedhii qabuufi barnooticha xumuruuf dandeettii qabuufi waan irraa eegamu guutu hanga sagantaa apparantishiippii eegalutti reetii kaffaltii ammaa jiru ni darbaaf, iskeelii armaan gadiitti dabalamu:

Waggaa 1ffaa 80 % Reettii Caaseffamaa

Waggaa 2ffaa 85 % Reettii Caaseffamaa

Waggaa 3ffaa 90 % Reettii Caaseffamaa

Waggaa 4ffaa 95 % Reettii Caaseffamaa

Waggaa 5ffaa 100 % Reettii Caaseffamaa

Osoo Sagantaa Apparantishiippii hin eegalin dura tokkoon tokkoo hojjataa Sofina Sagantaa Leenjii Apparantishiippii seenu, baasii walhubannoo keeyyata (a) waliigaltee walhubannoo kana keessatti ibsame deebisuuf waliigaluuf Xalayaa Waadaa mallatteessuu qaba, akkasumas kaffaltiiwwan akka bashannanaafi kan biroo irraa akkauma keeyyata (b) arman olii keessatti ibsame akka hir'ifamu waliigaluu qaba.

Dabalataanis qaamoleen kun wantoota armaan gadii irratti waliigalaniiru:

- a) Qajeelfamoonni apparantishiippii Daldalawwan Ogummaa Qabaniifi Diviizhini Leenjii Apparantishiippii waliin kan wal sime ta'a.
- b) Baasii apparantishiippii dhibbeentaa shantama (50%) Sofina Foods kan kaffalu yoo ta'u, kaffaltiiwwan hafan nama apparantishiippii bahe sanatu kaffala. Namni apparantii bahe tokko Saganticha milkiin yoo xumure Sofina kaffaltii barnootaa hafe dhibbeentaa shantama (50%) hafe ni kennaaf.
- c) Hojjataan apparantishiippii bahe erga Sagantaa Apparantishiippii xumureen booda yoo xiqqaate waggaa lamaaf Sofina Foods dhaaf hojjaachuuf waadaa mallatteessuu qaba, yoo ta'uu baate, baasiwwan yeroo barnootaa bahan sana kaffaltiiwwan garaa garaa irraa Sofina Foods dhaaf ni kaffala.
- d) Sagantaa Apparantishiippii xumuruu jechuun battalumatti sadarkaa Hojjataa muuxannoo guddaatti (Journey person status) cehuu jechuu miti. Beeksisi hojii jiraachuu qaba, adeemsi beeksisa baasuu idileefi dorgommiin ni jiraata.
- e) Hojjataan apparantiirra jiru yeroo leenjii moojularaa irra jirutti Inshuraansii Hojiitiif galmaa'uu qaba. [2024]



Union Dues Structure

Preamble

Strong unions win good victories for their members that improve your life both at work and at home. An important part of having a strong union is investing in the resources we all need to push employers to give you the kind of good quality contract we're able to present here. The resources of our union come primarily from membership dues.

A key value of our union is fairness. UFCW Local 401 fights as hard for members in workplaces like Sofina as we do for large groups of members like those at Superstore, Safeway, JBS, Cargill or Olymel. In turn, we ask union members across the province to invest in our union's success with their dues at the same rates. The members Sofina in Edmonton are also transitioning to the new dues structure that is the same as the members at Sofina in Calgary

As an open, transparent, and democratic union, we are proposing the following increases in union dues for Sofina union members that we are asking you to vote on with your proposed new collective bargaining agreement. These proposed increases will ensure that Sofina union members are investing in a strong union that can fight for fair offers, meaningful wage increases, benefit improvements, and workplace rights, as all other UFCW Local 401 union members. At the same time, a eight-year progression will help to ensure that increases do not create an undue economic hardship on Sofina union members.

Upon ratification of the Collective Bargaining Agreement, with the effective date being the first pay period of the following month, the union dues and initiation fee for Sofina Edmonton – North Plant union members shall be:

Initiation Fees

Initiation fees for new employees: \$25.00 dollars.

This is a one-time only fee for newly hired employees. Current employees will NOT be required to pay this fee.

Flat rate union dues:

\$9.25 per week flat dues plus the \$2.00 per week for the National Defence Fund (NDF)

Hourly dues:

Your current dues equate to \$0.04 per hour worked. Hourly dues will increase according to the following schedule:

Year of wage increase	Per hour wage increase	Per hour dues increase
2025	\$1.30	\$0.04
2025	\$0.60	\$0.04
2026	\$0.50	\$0.03
2027	TBD	\$0.03
2028	TBD	\$0.03
2029	TBD	\$0.03
2030	TBD	\$0.03
2031	TBD	\$0.03

UNION DUES ARE TAX DEDUCTIBLE